# Haqa walii galaatiin of jaallachuu fi wantoonni hedduun isin isii mormitan ta'uuf taa'an" Sahaabonnis akkana jedhanii gaafatan: Yaa Ergamaa Rabbii yeroo sana maalitti nu ajajju? isaanis ni jedhan: "Haqa isin irra jiru raawwataniiti haqa keessan Rabbiin kadhattan

Ibnu Mas'uud irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-akkas jedhan: "Haqa walii galaatiin of jaallachuu fi wantoonni hedduun isin isii mormitan ta'uuf taa'an" Sahaabonnis akkana jedhanii gaafatan: Yaa Ergamaa Rabbii yeroo sana maalitti nu ajajju? isaanis ni jedhan: "Haqa isin irra jiru raawwataniiti haqa keessan Rabbiin kadhattan".

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- mootonni qabeenya muslimootatii fi dhimmoota duniyaa biroo dhunfatanii akka barbaadan itti hoojjatanii fi haqa muslimoota kan isii keessa jiru kan isaan dhoorgatan akka muslimoota hoogganuu taa'an himan. Amantii keessatti isaan irraa wantoonni jibbamoon akka argamaniis himaniiru. Sahaabaan -Rabbiin isaan irraa haa jaallatuu akkana jedhanii gaafatan: Haala sana keessatti maal gochuu qabna? Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaan qabeenyan kophaa bahuun dhageettii fi isaanii ajajamuu irraa dirqama isin irra jiru bahachuu irraa isin hin dhoorgu jedhanii itti himan, inumaayyuu obsaa, isaan dhagayaa, isaanifis ajajamaa, aangos isaan harkatti hin qabinaa, haqa keessan Rabbiin kadhadhaa, akkasumas Rabbiin akka isaan tolchee hamtuu isaanitii fi miidhaa isaan deebisu Isa kadhadhaa.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee